Kutaa 1ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 1ffaa

Barnoota Afraffaa:- Amantii 5

Tajaajila Hoga-Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8 . Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

Barumsa Afraffaa:- Amantii

Amantiin wanta tokko, nama tokko yookiin ufitti irkatuu fi abdii godhachuu agarsiisa.

Amantiin Keenna wantoota gara garaa irratti ta'uu danda'a

1. Amantiin keenna ufii-keennarratti ta'uu hin qabu Qor 2ffaa 1:9. Waaqa warra du'an du'aa kaasutti malee akka ufii keennatti hin amanne;

   Filip. 3: 3 irratti " nu warri Hafuuraan Waaqa Waaqeffannu Kiristoos Yesuusitti kan boonnu foonittis kan hin amannee dha."

2. Amantiin keenna nama dhibii yookiin wantootarratti hin hundeeffame qabu.

Er 17: 5-6 "Waaqayyoo akkana jedha; namni nama amanatu, nama fooniis irree kan godhatu, namni gaaraan isaa Waaqa irraa deebi'us abaaramaa dha. Inni akka muka miciree gammoojjii keessati. Yeroo Wanni mishaa dhufettis hin argu; lafa namni hin jiraanne bakka soogiddi jiru lafa onaa bakka gogaa taa'a."

Er 9:23 Waaqayyoo akkana jedha; Ogeessi ogummaa isaatiin hin boonin; jabaanis jabeenna isaatiin hin boonin; dureessis qabeennaa isaatiin hin boonin..."

3. Amantiin keenna Waaqa qofaa irratti hundeeffamuu ta'uu qaba**.**

Er. 17:7-8 "Namni Waaqa amanate; amantiin isaas waaqa kan ta'e eebbifamaa dha. Inni akka muka bishaan bira dhaabamee, kan afaan lagaatti hidda isaa gadi fageeffateeti; yeroo bonni dufes hin sodaatu; baalli isaas ni lalisa, yeroo caamaallee hin yaaddau; yeroo hundas firii ni naqata."Er 9:24 "
"Garuu namni boonu araaraa kan buusu, murti kan kennu akkasumas qajeellina kan lafarratti raawwatu ana akka ta'e waan

beekee fi waan hubateeinni haa boonu; wanti na gammachiisu kanaatii jedha Waaqayyoo."

Xiyyeeffannaan barumsa kanaa waayee amantii nu Waaqa irratti qabaachuu qabanuu ti.

I. Amantii (Waaqa Amanuu) yoo jennu maal jechuu keenna?

Amantii jechuunn Waaqayyo abdii kenne raawwachuu ni danda'a: jechuu dha; ni raawwatas.

Ibr 11:1 "Amantiinis waan abdannu tokko waan nuu miirkaneessu kan waan hin argine tokko nuu ibsuu dha."

Rom 4:18-22 (Hiikkaa haaraya) irratti: "wanni Abrahaam ka amanee abdii godhate otoo abdiin woyiituu hin jiraatinuu ture; kanaafuu sanyiin isaa akkuma abdii isaaf galame sunii baay'ate. Innis abbaa uumata baay'ee ta'e umriin isaa gara woggaa dhibbaa waan ta'eef sababii humnaan dadhabiisa isaatiif akka dhalfachuu hin dandeenne fi akka waan Saaraanis dhabduu fi jaartii turteef dawuu hin dandeenne yoo beekes amantii isaatiin dadhabaa hin turre. Wanni inni amantii isaatiin jabaateef sababii akka Waaqayyo abdii namaa kenne raawwatu hubateefi. Kanaaf Abrahaamiif amantiin isaa qajeellinna ta'ee lakkaawameefi. Garuu dubbiin " qajeellinna ta'ee lakkaawameefi" jedhu Abrahaam qofaaf otoo hin ta'in nuufis barreeffame. Worra Waaqa gooftaa keenna Yesuus Kiristoosin du'aa kaasetti amannuufis amantiin keenna qajeellinna ta'ee nuu lakkaa'ame."

Wonti nu kutaalee kitaabaa kanniin isrraa akka hubannu Amantiin duratti dubbiin abdii kan Waaqayyo kenne jiraachuu qabuu dha. Amantiin jecha abdii qofa irratti hundaawuu danda'aatii. Oobjuu fi hawwiin garaa keenna keessa burqisiisnee akka rabbi waan kana naa raawwatu ni amanna yoo jenne wonti nu jennu sun yoo dubbii abdii Waaqni kenneen ala ta'e nuuf hin

guutamu. Gabaabumatti amantiin duratti dubbii abdii kan Waaqni nutti dubbate qabaachuu qabna.

Namni abdii qabu "ni ta'a" jedha
kan amantii qabu ammoo "ta'eera" jedha.
"Amantiin waan nu abdannu nuu mirkaneessaatii"
"Waan kadhattan cufa akka argattan amanaa isiniifis ni ta'a." Mar 11:24

Amantiin dubbii abdii Waaqaa irratti hundeeffame "wanni ani kadhadhe naaf ta'eera" jedha.

Wonti Abrahaam godhes kanuma ture. Abdii Waaqayyo keenneef amannu dhiisee hin shakkine. Kunis waan akka wanti Waaqayyo abdii kenne raawwatu hubateefi. Rom 4:20-21. Amantiin yeroo hunda Waaqayyo dubbii abdii namaaf kenne sana ni raawwata jedhee cimsee hubata.

II. Bakka Amantiin jireenna Kiristaanummaa keessatti Qabaachuu qabu.

1. Amantiin malee Waaqa gammachiisuun hin danda'amu. Ibr 11:6. Namni amantii dadhabaa (laafaa) qabu Waaqa gammachiisuu hin danda'u. Akkana jechuun Waaqayyo isa hin jaalatu jechuu miti. Waaqni jaalala Waaqummaa isaatiin nama hunda qixxuma jaalata. Akkana jechuun garuu ijoollee isaa hundattu qixxee gammada jechuu miti. warra akka Abrahaamii dubbii abdii hin shakkinetti ni gammada.

2. Amantii malee addunyaa moo'achuun hin danda'amu.

"Namni Waaqarraa dhalate cuftinuu addunyaa ni mooyataatii; kan addunyaa moo'atus amantii keenna. Yoh 1^{ffaa} 5 : 4

3. Amantiin Wantee keenna

Amantii malee woraanaa, (himannaa, soba) diinaa injifachuu fi mormachuu hin dandeennu.

"...Wantee amantii (dhugeeffachaa) kan ittiin ilkeewwan (xiyya) hamaa hunda balleessuu dandeettan qabadhaa" Efe 6:16

"Uf qabuun jiraadhaa, dhammaqaas, diinni keessan daabiloosi akka leenca waan nyaatu barbaadee aaduu isin marsaati. Akka obboleeyyan keessan warri addunyaa irra jiran marti dhipinnan akkasii cufuma dhiphatan beekaa amantiin cimaatii isaan mormaa." Phe 1ffaa 5: 8- 9

4. Jireenna Hafuuraatiin jabaannee kan dhaabbannunu amantii keennaani. Qor2ffaa 1: 24

5. Namni qajeelaan amantii isaatiin jiraata.(Inb 2:4, Ibr 10:38; Rom 1:17; Gal 3:11).

6. Waan goonu hunda amantiin gochuu qabna.
" Wonti amantiin hinta'in cufti cubbuu dha." Rom 14:23

7. Amantiin harka nu ittiin Waaqa irraa waa fudhannu.
"Amantiin kee si fayyiseera" " Akkuma amantii keessanii isinii haa ta'uu." Mat 9:22,29
"Nama amanuuf wanni hundinuu ni dand'ama" Mar 9 : 23

8. Kadhaan nu amantii malee kadhannu deebii hin argatu.
"Garuu otoo waan tokkoonuuhin shakkin amantiin haa kadhatuu. Namni shakku danbalii haraa kan qilleensaan dhiibamee raafamu fakkaataatii. Nama yaada lama qabu, kan karaa isaattis milaamilchu, namni sun akka waan tokkollee gooftaa irraa argatu itti hin fakkaatu." Yaq 1:6-8
"Kanaafuu ani isiniin jedha: waan kadhannaan Waaqa duratti dhiyeeffattan, waan kadhattan akka argattanitti amanaa; isiniifis ni ta'a". Mar 11: 24

III. Sadarkaa Amantii

Waaqa amanuun sadarkaalee gara garaa qaba.

1. Amantiin nama hinfayyifne ni jira. Akka Waaqni jiru amanuun qofti nama hin fayyisu. "Akka Waaqayyo tokko ta'e ati ni amanta; Sheexanoonnis ni amannu; ni hollatus." Yaq 2:19

2. Amantii nu Fayyinna (jiruu bara-baraa) ittiin argannettu jira.

"Ayyaanni amantiin isin fayyiseera. Efe 2:8

"Akka Yesuus gooftaa ta'e yoo afaan keetiin dhugeessite, akka Waaqayyos warra du'an keessaa isa kaase garaa keetti yoo amante ni fayyitaa ti." Rom 10:9 Amantii fayyinna ittiin arganne kan nuu kenne Waaqa. Yoo dubbii wangeelaa dhageennee qalbii keenna gara Waaqaa deebifne, Waaqni samii amantii hunda keennaaf ni kenna.

"Akkuma Waaqni tokko tokkoo keennaaf gayee amantii qoodetti akka nama bilchaataa (qalbeefatuu) akka yaaduuf malee waan isa irraa eegamu bira dabree akka uf jajuun hin yaanne." Rom 12:3

Sanyiin amantii kan Waaqayyo garaa keenna keessatti facaase kun kunnuunfamuu fi guddaachuu qaba.

3. Amantiin (hirdhuun) jira.

"Waaqayyo marga diidaa kan ardha jiru kan bori immoo gara ibiddaatti gatamu kana yoo daara isa baase(itti uwwise) isin warra amantii hirdhuutti immoo akkam haa uwwisuu ree? Mat 6 :30

"Isin worri amantii hirdhuu maaliif sodaattani?" Mat 8:26

"Wanti isin akkana sodaattaniif maal? maaliif amantii hinqabaanne? " Mar 4:40

"Yeruma sana Yesuus harka isaa diriirfatee (Pheexiroos) qabee Ati kan amantiin si jalaa hirdhate. 'maaliif shakkite' jedheen." Mat 14:31

4. Amantii Guddaa

"Yeroo sana Yesuus deebisee dubartii nana amantiin kee guddaa dha; akkuma fedhii keetii siif haa ta'uu jedheen." Mat 15:28

"Yesuusis dhagayee dinqifachuun warra isa hordofaniin akkana jedhe; "ani dhuguma isiniin jedha, Israa'el keessattillee ani amantii guddaa akkasii hin argine." Mat. 8:10

Akkuma armaan olitti dubbifnetti Yesuus amantii namicha sanaa guddaa sana ni dhinqifate. Bakka dhibiitti ammoo akka Yesuus amanuu dhabuu namoottaa dinqifate dubbisna.

"Inni waan isaan hin amaniniif ni dinqifate." Mar 6 : 6

Jireenna keenna keessatti hoo? wantii Yesuusiin maadeffachiisu guddinna amantii keennaa ti moo guddinna amanuu dhabuu keennaa ti?

5. Amantii uf-tuulummaa uf'- keessa hin qabne.

"Raawwiin seeraa garuu jaalala garaa qulqulluu, qalbii gaarii amantii uf-tuulummaa hin qabne, keessaa bawu. Xim 1ffaa 1:5

Kun qulqullinna amantii (argisiisa)

Duraan dursinee kan xiyyeefachuu qabnu qulqullinna amantii keennaa irratti malee ciminnaa isaa irrattii miti. Amantii uf-tuulummaa of keessaa qabu guddaa isaa qabaachuu mannaa biraa qulqulluu xiqqoo qabaachuu nuu woyya. Hunda caalaa garuu namni amantii qulqulluu fi amantii guddaa qabu eennuyyuu calaa Waaqa gammachiisa.

Amantiin keenna kan (jabaatu) yoo jaalalaan guutamee dha. "Amantii Yesuus Kiristoosiin ta'ee jaalalaan hojjatu malee gadoommuun yookiin gadoomuu dhiisuun womaa hinfayyaduu tii. " Gal 5 : 6

IV. Amantii Eessaa arganna?

Amantiin Waaqa irraa burqa.
"Amantiin dhageettii irraa argama; dhageettiinis (dubbii) Waaqayyoo irraa argama" Rom 10:17

Yohaannis cuphaan akka Yesuus Kiristoos 'hoolaa Waaqaa kan cubbuu addunyaa hunda balleessu' ta'e Yoh 1:29 irratti erga raggeessee duubatti mana hidhaa seenee dhiphinna gara garaa keessa yoo dabru Yesuus Kiristoos (Masiihii) dhufuuf jiru ta'uu isaayyuu shakkuu jalqabe. Mat 11:2-6 " Inni dhufuuf jiru si'i moo kan biraa haa eennuu?" jedhee gara Yesuusis ergaa erguu isaa ni dubbifna. Deebiin Yesuus isaaf kenne garuu "Eeyee. Anuma" yookiin" anaa miti" jechuun otoo hinta'in "dhaqaatii waan argita, waan dhageettanis himaa: Jaamoonni ni argu; hokkoltoonni miila isaaniitiin ni deemu; lamxoonni ni qulqullaa'u; worri gurri isaanii duude ni dhagawu ; worri du'anis du'aa ka'u; wangeellis hiyyeeyyiif ni lallabama; namni anatti hin gufanne eebbifamaa tii." jedhee deebiseef. Akka amantiin isaa laafe (diqqaate) argee dubbii amantii isaa kakaasu ergeefii ture. Amantiin dubbii Waaqaa dhagawuu irraa argamaatii.

Jireenna keenna keessattis amantiin nu ittiin fayyinna arganne erga nu dubbii Wangeelaa dhugeeffannee booddee gara (qalbii) keennaa kan dhufe. "Lammaffaa kan dhalattan sanyii badu irraa miti, isa jiraataa bara baraanis jiraatu dubbii Waaqaatiin sanyii hin banne irraa dhalattan malee."

V. Amantiin keenna Akkamitti Guddata?

1. Warra dubbii Waaqaa Hujii irra Oolchu Ta'uun

"Warra dubbii Waaqaa hujii irra oolchu ta'aa malee warra dhagawuu qofaan uf dogongorsu hin ta'inaa." Yaq 1:22

Akkuma irreen namootaa sibiila ulfaataa kaasanii jabaachaa deemu irreen keenna kan hafuuraa yoo nu amantii keenna hujii irra oolchine qofa nuu guddachaa deema. Dubbii Waaqaa ni amanna jechuun yoo hujiin muldhifnee fi yoo itti jiraanne jechuu dha.

2. Haguma dubbii Waaqaa soorannuun (yeroo mara dubbisuun)

Nafti keenna guddachuuf akkuma nyaanni foonii isa barbaachisu amantiin keennas guddachuuf aananii fi foon dubbii Waaqaattu isa barbaachisa. (Phe 1ffaa 2:1-2; Qor 1ffaa 3:1-2)

"Amantiin akkuma yeroo jalqabaatiif nu keessatti dhalachuuf dubbiin Waaqaa isa barbaachise guddachuufis akkasuma dubbiin Waaqaa isa barbaachisa." (Room. 10:17)

3. Qalbii Gaariin

"Amantii fi Qalbii gaarii qabaadhu; namoonni tokko tokko qalbeefachuu dhiisanii isaan akkuma doonii-doonii ooftuu malee baduutti. Waayee amantiitiin badaniiruutii." Xim1ffaa 1:19

Dubbii gaarii jechuun qalbii xurii tokkollee hinqabnee fi kan balleessaan nu hin himanne jechuu dha. Yoo Waaqa dura yookaan nama kamiyyuu dura dhaabannu yoo qalbiin keenna wonna kamiifiyuu nu hin komanne qalbii gaarii qabna jechuu dha. Phaawuloos Hujii Ergamtootaa 24:16 irratti" kanaafuu ani ammallee akka Waaqaa fi nama duratti yeroo mara qalbii xurii tokkollee hin qabne qabaadhuuf nan jabaadha" kan jedhu kanaafi.

Yoo Qalbii gaarii hin qabaatin Waaqa jiraataa Waaqeffachuu hin dandeennu. Furmaanni isaas dhiiga woyyuu Gooftaa fi fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosii ti. "Dhiigni Kiristoosi kan hafuuraa bara baraatiin aarsaa mudaa hin qabne godhee Waaqayyoof uf dhiyeesse sun akka isin Waaqa jiraataa Waaqeffattaniif qalbii keessan hujii du'e irraa hangam haa qulqulleessuu ree? " Ibr 9:14

"Dhiigni ilma Waaqaa (Yesuus Kiristoosi) cubbuu hundaa irraa (qalbii keenna) nu qulqulleessa." Yoh 1ffaa 1: 7

Qalbiin gaariin geegessituu fi eegduu amantii ti. Qalbii gaarii yoo hin qabaatini amantiin keenna boora'aa deema.

VI. Amantiin Akkamiin muldhata?

"Yaa obboleeyyan, namni amantii qaba ufiin jedhu kan garuu hujiin hin mudhifne maal fayyada? ....Amantiin isaas isa fayyisuu danda'aa laata? Amantiin hujiin hin ibsamne yoo jiraate ufii isaatifuu kan du'ee dha. Akkuma foon (ruhaan) lubbuun gargari baye du'aa ta'e ...akkasuma amantiin hujiin adda ta'e du'aa dha." Yaq 2:14-26 hunda isaa dubbisi!

Amantiin dhugaa amantii hujiin mudhatu. Namni afaanuma qofaan amantii qaba jedhu kan hujiin isaa garuu namaafi Waaqa biratti hin muldhanne amantiin isa amantii afaanii qofa ta'ee hafa. Akkuma namni tokko sababii otoo womaa hin qabaatin "ani dureessa" ufiin jedheef dureessa hin taane akkasuma namni tokko "ani amantii qaba" ufiin jedheef inni nama amantiiti jechuu miti. Amantiin hujiin hin muldhanne du'aa tii.

Fakkeennaaf:- namni tokko jecha eegumsa Waaqaa muldhisu kan "inni si eegu (tissu) hin rafu hin mugullee" jedhu nan amana jechaa halkan guutuu immoo hirriiba dhabee bule amantiin isaa amantii dhugaatii miti. Amantii isaa hujiin hin mirkaneessine. Namni dubbii Waaqaa kan, "Waaqni simbirree samirra barriftuuf nyaata kennu isiniillee ni kenna" jedhu ni amana jechaa nyaata guyyaatiif cinqamu amantii isaa hujiin hin mudhifne.

VII. Diinota Amantii

Sodaa

Sodaa fi amantiin akka ifaatii fi dukkanaa ti. Bakka tokko jiru kaan jiraachuu hin danda'u. Sodaan fayyinna qabu kan ittiin Waaqa sodaannu ni jira. Sodaan fayyinna qabu kan akkanaa

waan hamaa irraa, ija-jabeenna hamaa fi uf-jajuu irraa nu eega. "Sodaadhu malee waan uf-jajuu hin yaadini." Rom 11:20

Sodaan diina amantii ta'e garuu kan otoo Waaqa irraa hin ta'in diina keenna daabiloos irraa dhufuu dha. "Waaqayyo hafuura jaalalaatii fi humnaa akkasumas hafuura uf qabuu nuu kenne malee hafuura sodaa nuu hin kennine. "Xim 2^{ffaa} 1:7 Sodaan akkanaa jiruu keenna keessatti hidhaansa nutti ta'a. "Nama sodaachuun kiyyoo namatti ta'a; Namni Waaqatti amanu garuu ni tiffama (eegama). " Fak 29:25

Akkuma Amantiin dubbii Waaqaa dhagawuu irraa dhufu sodaan ammoo jecha sheexanaa dhagawuu irraa dhufa. Akkuma gurra keenna sheexanaaf kennaa deemnuun sodaan guutamna. Yoo gurra keenna dubbii Waaqaatiif bannee jiraanne amantiin guutamna. Mar 5:21-43 (kutaa kana hunda isaa dubbisi) irratti waayee Iyyaari'oosi kan otoo mucattiin isaa afaan boollaa geettee otoo jirtuu akka isiin fayyifamtu uf gara Yesuusi dhufe sanaa dubbata. Yeroo namoonni dhufanii "mucattiin tee duuteerti; amma maaliif barsiisicha dadhabsiifta?" (Lak. 35) jedhuun boo'aa (lubbuu) isatti himanitti Yesuus akka amantiin Iyyaari'oosi sodaan moo'atamutti jiru argee," amani malee hin sodaatini." (Lak. 36) jedhee amantii isaa jajjabeesse dubbifna. Jireenna keenna keessattis yeroo tokko tokko daabiloos boo'a sodaa fiduun amantii keenna dadhabsiisuu yaala. Yoo oduu (dubbii) daabiloosii dhageeffanne sodaan moo'amna. Wanti nu dhagawuu qabnu jecha Gooftaa kan "amani malee hin sodaatini" jedhu qofa.

Wanti nu hin sodaanneef waan Waaqayyo nu woliin ta'eefi." waan ati na waliin jirtuuf ani hamaa kaan hin sodaadhu" Far 23 : 4

"Bakka deemtu cufatti Waaqni kee si woliin jiraatii jabaadhu; hin sodaatini; hin nayini." Iya 1:9
"Yaa Abraam hin sodaatini; ani wontee keeti." Uum. 15:1

2. Mamii;

Diinni amantii dhibiin mamiisa. Mamii jechuun yoo yaadni keenna waan tokko irratti bakka lamatti qoodamu. Mamuu jechuun yaada lamaan asiif achi raafamuu jechuu dha.

Otoo mamiin jireenna keenna keessa jiruu amantiin keenna hojjachuu hin danda'u.

"Garuu otoo womaa hin shakkin amantiin haa kadhatuu. Namni waa shakku danbalii haraa kan qilleensaan dhiibamee raafamu fakkaataatii. Namni yaada lama qabu, kan karaa isaa irrattis raafamuuf wann tokkoyyuu gooftaa biraa hin ta'uufi." Yaq 1:6-8

Pheexiroos erga amantiin bishaan irra deemuu jalqabee booddee mamiin onnee isaa keessatti uumamnaan liqimfamuu jalqabe. "Yeroo liqimfamuu jalqabettis yaa Gooftaa na baasi (oolchi) jedhee iyye. Yeruma sana Yesuus harka isaa baldhisee qabuun, "ati namni amantii hirdhuu maaliif shakkita?" jedheen Mat 14:30-31. Shakkiin akka liqimfamnu nu taasisa; amantiin akka hin liqimfamne nu taasisa.

"(Abrahaam) amantiin jabaate malee amanuu dhabuun dubbii abdii Waaqaa hin mamne; Rom 4 : 21

3. Amanuu dhabuu

Amanuu dhabuun dubbii Waaqaa kan bara baraa dhiisanii faayidaa nafaa keennaa kan akka (arguu, dhagawuu, fuunfachuu (urgeeffachuu) tuquu (qaqqabachuu), dhaandhamuu) amanachuu jechuu dha.

"Toomaas garuu milikkita harka isaa kan urame sana otoo hin agarre, quba kiyyas bakka urame sana keessa yoo hin seensifnee," jedheen "harka kiyya yoo cinaacha isaa keessa hin seensifnee hin amanu. "Yoh 20:25. Amantiin Toomaasi dalaga kutaalee nafaa kan akka arguutiifi harkaan tuquu irratti ture malee Yesuus otoo hin du'iniin dura "Ilmi namaa du'aa ni ka'aa" jedhee waayee ufii dubbachuu isaa dedhee ture.

Sana booddees akka Yesuus kitaaba Yoh 20:27-29 irratti "kan amante ta'i malee kan hin amanin hin ta'in:..... ati waan na argiteef amanteerta. Worri otoo hin argin amanan eebbifamoo dha" isaan jedhu dubbifna.

Amanuu dhabuun keenna jireenya dhuunfaa keennaa fi jidduu keennati akka Gooftaan hin hojjanne taasisa. "sababii amantii dhabiisa isaaniitiif achitti hujii baasaa baay'ee hin hojjanne. " Mat 13:58

Amantii dhabuu keennaan gara boqonnaa Waaqni nuu qopheessee galuu dadhabna." Yoo isaan hin ajajamini akka isaan gara boqonnaa isaatti hin seenne kan itti kakate eennu fa'a? Akka isaan sababii amanuu dhabuu isaaniitiif itti galuu hin dandeenne argina." Ibr 3:18-19

Abdii:- Dubbiin Abdii kan Waaqayoo kenne ni ta'a jedha.

Amantiin:- akka Waaqayyoo dubbii abdii naa kenne ni fudhadha" jedha.

Mamii: Ni ta'a yookiin hin ta'u jechuun amantii fi amanuu dhabuu jidduuti dadaaqa.
Amantii dhabuu: "Akkamiin ta'a! matumaa ta'uu hin danda'u" jedha.

4. Cubbuu

Otuma cubbuun garaa keenna keessa jiruu kadhaa amantii Waaqa kadhachuu hin dandeennu.
"Otoo ani garaa kiyya keessatti daba qabaadhee jiraadhee Gooftaan silaa na hin dhagawu ture." Far 66:18

"Kunoo harki Waaqaa fayyisuu hin dadhabne; gurri isaalleen dhagawuu hin irraa hin duunne. Garuu cubbuun keessan isiniif Waaqa gargari baaseera. Akka Waaqni isin hin dhageenne cubbuun keessan fuula isaa isin irraa dhosseera." Isa 59:1-2

Otoo cubbuun garaa keenna keessa jiruu lola amantii loluu hin dandeennu. "Yoo diinota kee hadhuuf baatu nafa kee waan hamaa irraa uf-eegi." Kes. 23:9

"... Israa'el yakka hojjateera... kanaaf ijoolleen Israa'eli fuula diinoota isaanii dura dhaabachuu hin danda'ani ." Iya 7:11-12

Yoo cubbuun amantii keenna nu jalaa booressee jiraate kadhannaa dhiifamaa kadhachuutiin fuula Gooftaa dura dhiyaannee dhiiga Yesuus Kiristoosiitiin dhiqamuu qabna. "Dhiigni ilma isaa Yasuus Kiristoos cubbuu hundaa irraa nama qulqulleessa. Yoo cubbuu tokkollee hin qabnu jenne uf-gowwomsina dhugaanis nu keessa hin jiru. Cubbuu keennaaf yoo dhiifama Waaqa kadhanne cubbuu keenna nuu dhiisuufi yakka cufa nurraa qulqulleessuuf inni amanamaa fi qajeelaa dha. " Yoh 1^{ffaa} 1:7-9

5. <u>Wollaala</u>

Diinni amantii (dhugeeffachaa) kan biraa Wollaala.

"<u>Sabni kiyya sababii beekumsa dhabeef</u> badaa jira." Hos 4:6

Beekumsi armaan olitti tuqame sun otoo beekumsa mana barumsaa irraa argannu hin ta'in kan waayee Waaqaatii fi dubbii isaa beekuu ti.

Akka wanni namoonni yeroo baay'ee waayee Waaqaa wallaalaniif dubbii Waaqaa beekuu dhabuun ta'e Yesuus dubbateera. "Yesuusis akkana isaaniin jedhe; Kitaabilee fi humna Waaqaa <u>hin beettaniitii ni dogongortu."</u> Mat 22 : 29

Wanni Waaqni Hos 6:6 irratti "ani aarsaa irra <u>Waaqa beekuu</u> jaaladha" jedhuuf kana.

"Boqodhaa; Akka ani Waaqa (mootii waan hundaa) ta'e beeka." Far 64:10

"Sabni Waaqa ufii beeku ni jabaata; ni guutatus". Dan 11:32

"Akka Waaqa irraa toluma nuu kenname beekuudhaaf nu Hafuura Waaqaa malee hafuura addunyaa hin arganne. Qor1ffaa 2:12

"Yaa obboleeyyan ani akka, isin Waayee wontoota hafuuraa beettan nan jaaladha. " Qor 1ffaa 12:1

Kiristaani ennuummaa isaa Kiristoos keessatti hin beenne otoo sheexanni itti taphatuu jiraata. Phaawuloos kanaaf Efe. 1:17-18 irratti akkana jedhee namoota Efesooniitiif kadhate." Abbaan ulfinnaa Waaqni Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosii (Isa beekuun) hafuura qaaroo- maatii fi Muldhata akka isinii kennu nan kadhadha. Kunis akka yoo iji keessan kan qalbii baname abdiin Waamamuu keessanii maal akka ta'e ulfinni Waamichaa kan amantootaa maal akka ta'e kan amannuu guddinni humna isaa maal akka ta'e akka beennuf." Gabaabumatti Kiristoosiif eennu akka taatan akka beettan Waaqa isinii kadhadha" jechuu isaati.

Waaqni namoota amantii kanneen isa gammachiisan nu haa godhuu!

Barumsa Afraffaa; Amantii

Lakkoofsa_____
Waraqaa Eennummaa _____
Maqaa _____
Teessoo_____
_____
_____

1. Ibroota boqonnaan 11 boqonnaa amantii jedhamee waamama; Waan lakkoofsa tokkoo irratti waayee amantii barreeffame sana akkamitti hubatta?

2. Barbaachisummaa amantiin jireenna kiristaana tokkoo keessatti qabaatu ibsi:

3 . Ergamaa Phaawuloos Kitaaba Xim 1^{ffaa} 1: 5 fi Xim 2^{ffaa} 1 : 5" amantii uf-tuulummaa uf-keessaa hin qabne" jechuun isaa maal jechu?

4. Akkuma qorannaa kana irratti tuqametti sadarkaalee amantii kanneen tuqaman keessaa kan si ilaalu sadarkaa kami? sadarkaa irra jirtu irraa ol-guddachuuf tarkaaffiin ati fudhachuu qabdu maali?

5. "Amantiin hujiin hin muldhannee kan du'aa" jechuun isaa maal jechuu?

6. Akka amantiin guddatu maal fa'attu godhamuu qaba?

7. Erga wontoota amantiitti gufuu ta'an keettee booddee isaan keessaa kan amantii kee irratti gufuu ta'e tokko filadhuutii ibsi. Gufuu kana jiruu kee keessaa balleessuuf tarkaaffiin ati fudhatte yookaan fudhachuu qabdu maali?